# Gaaffilee Oggayyuu Gaafataman - Hawaasaaf

**Kaardiin qunnamtii maali?**
Kaardiin qunnamtii kan Qonaalotni Polisii fi Tajaajila Ittisaa (Police and Protective Service Officers) guutummaa eenyummaa isaanii fi odeeffannoo tajaajila gargaarsaa miseensota hawaasaaf ittii kennan ibsuuf kan gargaaruu haarawa bahee dha.

**Kaardicha irra odeeffannoo akkamiitu jira?**

- Maqaa Qondaala Polisii yokan Tajaajila Ittisaa , bakka dalagaa, guyyaa fi sa'aa
- Sararaa-gargaarsaa (helpline) miidhamaa (victims), tajaajila afaan hiikaa (translation) fi afaan deebisa (interpreter) akka ittiin argatan.
- Tajaajila siif kenname ilaalchisee galata yokan komii qabdu akka ittiin dhiheessitu.

**Haala akkamii keessattin kaardii qunnamtii kana argachuu mala?**
Qondaalotni Polisii fi Tajaajila Ittisaa eenyu waliin akka dubbatte, yoom akka si waliin dubbatamee fi maal ilaalchisee akka waliin dubbattan odeeffannoo ibsu kan irratti siif kennuu danda'anii dha. Odeeffannoo haala qorannoo yokan gargaarsa dabalaa gara fuulduraatti siif kennamus kan dabalu tahuu danda'a. Fakkeenyaaf miidhaa yakkaa kan agarte yokan kan si irra geessisame yoo tahe booda irratti bal'inaan tarii Qondaala Polisii yokan Tajaajila Ittisaatti dhiheessuu si barbaachisa taha.

**Haala akkamii keessattiin Qondaalota Polisii yokan Tajaajila Ittisaa qunnamtii isaanii gaafachuu danda'a?**
Yoo Qondaalli Polisii yokan Tajaajila Ittisaa maqaa fi teessoo kee si gaafatan atis eenyummaa isaanii gaafachuuf mirga qabda. Maqaa, tar-muuda (rank) fi buufata polisii eessa akka dalagan gaafachuu dandeessa. Kanas guutummaa isaa barreefamaan gaafachuu dandeessa. Haala jiru irratti hundaawee polisiin kaardii qunnamtii irratti eenyummaa isaanii tarii barreessuu danda'an. Odeeffannoo akkaataa polisiitti dubbattu sararaa itti aanu kana irra laali:
https://www.legalaid.vic.gov.au/sites/www.legalaid.vic.gov.au/files/vla-resource-police-powers-your-rights-in-victoria.pdf

**Kaardii qunnamtii yoo ani fudhe maal godhchuun qaba?**
Kaardiin qunnamtii kee Polisii Vicktoria waliin waan dubbatte kan irratti galmeessamuu dha. Galmee seeraa miti, keewwachuu si hin barbaachisu.

**Polisiin Victoria kaardii qunnamtii kana maaliif beeksisaa jira?**
Polisiin Victoria hujii poolisummaa qulqullinaa fi gaafatamummaa qabu kennuuf cicha qabuuf kaardii qunnamtii kana beeksisaa jira. Qondaalotni Polisii fi Tajaajila Ittisaa sirna ogumma-qabeessa (professional) taheen hawaasaaf kan ittiin ibsan, waan polisii waliin dubbatame itti galmeessamu, akkaataa tajaajila argachuu danda'an irratti kan gargaaru, qorannoo dabalaa akkaataa itti kennan yokan odeeffannoo polisiif akkaataa itti kennan kan ibsuu dha.

**Kaardii qunnamtii kana dhaleessuuf (develop) mariisaa (consultation) akkamiituu taasisame?**
Polisiin Victoria hawaasa keessaa kan qooda fudhatan, qondaalota poolisii fi Qondaalota Tajaajila Ittisaa irraa akkaataa waliin dubbannaan polisii fi ummata gidduu jiru wayyaawuu dandad'u irratti marii taasise. Kanneen qooda fudhatanis kaardicha irratti odeeffannoo akkamii dabalamuu akka qaban, bifa akkamiin akka qopheessamuu fi hawaasa gidduutti qub-qabeenyi akka jiratu irratti yaada kennuudhaan gargaaran.